| | | |
|---|---|---|
| | **Qajeelcha Poolisii Minneapolis**<br>**Maanuwaalii Imaammataa fi Adeemsaa** | Lakkoofsa:<br>10-200 |
| **Jiildii Kudhan – Qorannoowwan** | | |
| **Adeemsa Qorannoo** | | |

## 10-214 Fayyadama Meeshaa lakkoofsa bilbilaa adda baasee ibsu DNR / Trap fi Trace

(03/21/95) (11/06/07)

Qondaaltonni fi qorattoonni martinuu Galmee Lakkoofsa Bilbilamanii/DNR (galmee qalamaa) ykn Trap fi Trace qorannoo itti fufiinsa qabuuf akka ragaatti itti fayyadaman qabaachuu barbaadan martinuu ajajni kan mana murtii osoo hin mallatteeffamin dura yaada isaanii Kutaa Deggersa Tekinika Yuuniitii Yakkaa Qindeessutti beeksisuu qabu. Kunis ajajni mana murtii osoo hojiirra hin oolfamin dursee hojjetoonni Kutaa Deggersa Tekinika meeshaalee sirrii ta'an akka argatan kan taasisu yoo ta'u, galmee yuuniitii kan kaffaltiin itti kaffalamu qabachuuf ni tajaajila.

Ajaja DNR (galmee qalamaa) ykn Trap fi Trace dura, qondaalli/qorataan dhaabbanni sirriin ajaja Trap fi Trace-tiin tajaajilamuu mirkaneessuuf dhaabbata galmee kan waamicha bilbilaa dhiheessuu qabu.

Qondaalli/qorataan ajaja mana murtii mallattaa'e DNR (galmee qalamaa) ykn Trap fi Trace osoo hin kaa'iin dura koppii ajaja mana murtii mallatteeffame Kutaa Deggersa Tekinikaatiif dabarsuu qaba.

Kutaan Deggersa Teknikaa erga qunnamameen booda gabaasa gaafatame qondaala/qorataaf kan dhiheessu ta'a.